KORONA



MALLATTOOLEE

Hoo'a

Qufa'uu

Hafuura kutuu

Dhukkubbii Irree/Maashaa

Hanqina fuunfatuu/ Hanqina dhandhamuu

INNI MAALI DHA ?

Inni kun vaayrasii haaraa dha. Hubannoo nu vaayrasichaa fi dhibee kana irratti qabnu dabalaa jira.

Inni **dhibee sirritti daddarbu** Kan qufaa/ Utaalloon wal fakkaatu fi dhibee cimaa akka Michii sombaatif nama saaxiluu dha.

Namoonni hedduun (80%) yoo qaban xiqqoma dhukkubsatu. Mallattoolee salphaa ykn giddu galeessa mul'isu ykn inuma mallattoo hin agarsiisan. Garuu dhibee Kana namatti dabarsuu danda'u.

Namoonni muraasni sirritti dhukkubsatu, ciibsanii yaaluu barbaadu. Vaayrasiin kun Hamaa dha keessattuu nama fayyaan isaa laafaa taheef.

EENNUTU SAAXILAMA?

Eennuyyu vaayrasichaan Qabamuu danda'a. Garuu namoota armaan gadditif hamaa dha

Manguddoota Waggaa 65 oliif

Namoota dhibee biraa Kan akka dhibee smba irra turee, dhibee onnee, dhiibbaa dhiigaa ol aanaa fi Sukkaara qabaniif...

Namoota haala **qulqullinaa laafaa** keessa jiraataniif

VAAYRASICHI AKKAMITTI DADDARBA ?

Vaayrasichi adda dureen Kan tamsa'u karaa tuftee yeroo namni qufa'u, haxxifatu ykn haasahu afaan namaa keessaa bahuuni.

Kun Kan tahu tuftoo nama qufa'u keessaa bahu fuunyatti fu dhachuun, harkaan tuqanii ija, Funyaan fi afaan ofii tuquun daddarba.

Vaayrasichi nama kamiinuu tamsa'uu danda'a, osoo mallattoolee mul'isuu baatellee. Kanaafi wanti namni hundi haala ittiin ofirra ittisan kabajuu qabaniif.

OFII FI NAMOOTA BIRAA IRRAA AKKAMITTI ITTISNA?

Yeroo hundaa **1.5m namarraa fagaadhu,** wal hin tuxinaa yeroo nagaa wal gaafattanis

Harka kee Ammaa amma dhiqadhu, yoo xiqqaate sekondii 20f bishan fi samunaan

Yeroo qufaatu / haxxifatttu **sooftii** fayyadami. Sooftii Al tokko qofa itti fayyadami **boida gati** harka kee dhiqadhu.

Yoo sooftii hin qabaatin, **ciqilee kee gara keessaa fayyadami**, Harkarratti hin qufa'in /Haxxifatin !

Wal gahiin dhoorkaa dha. **Ala bahuu Kan dandeessu nama 1 qofa wajjiin.**

Harki kee qulqulluu tahuu mirkaneessi, osoo fuula hin tuqin.

Fooddaa bani ammaa amma daqiiqa 15f akka toftoon dafteen lafa buutu.

Yoo si dhukkube, **bakka jiraattu barbaadadhu** hanga wayyooftutti.

MANA MALEESSAA? GARGAARSA EESSAA ARGATTA?

Yoo mallatton akka qufaa sirratti mul'ate, hanga dandeettu namarraa fagaadhu. Akkataa ittiin ittisan kabaji.

1 Keessa turi (Yoo bakka jiraattu qabaatte). Mallattoolee sirratti mul'ate namatti himi, **hanga dandeettu namarraa fagaadhu.**

2 Bilisaan bilbili **1710** ykn **0494/18.90.24** (Athena) Doktora dubbisuuf.

3 **HUB** yeroo hunda banaa dha, Waayee Fayyaa irratti gorsa kennuuf. Avenue du port 100, Bruxelles.

4 Hafuura sirritti si kutaa? yoo kana tahe qofa gara **Hospitaala deemtee** mallattoo kee itti himta

BXLREFUGEES
BURGERPLATFORM
PLATEFORME CITOYENNE

MEDECINS SANS FRONTIERES
ARTSEN ZONDER GRENZEN

AFAAN OROMOO

Ne pas jeter sur la voie publique s.v.p.

E.R. / V.U. : Hub Humanitaire
• 100 Avenue du port • 1000 Bruxelles